
BARNOOTA HERREGAA

KUTAA 3



KITAABA BARATTOOTAA

Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Akkaataa Qabannaa Kitaaba Barattootaa.

Kitaabni kun qabeenya mana barumsa keetii yemmuu ta`u, dhaloonni dhufee darbu kan itti gargaaramudha. Kanaaf akka miidhaan irra hin geenye cimsii eeggadhu. Kitaaba kana haala gaariin qabachuuf eeggannowwan armaan gadii fayyadami.

1. Kitaabicha gaazexaan ykn pilaastikaan aguugi.
2. Kitaabicha yeroo hundaa bakka qulqulluu ta`eefi jiidhinni hin jirre kaa`i.
3. Kitaabicha yeroo hundaa harka qulqulluutiin qabadhu.
4. Alaafi keessa isaatti hoomayyuu hin barreessiin.
5. Bakka booda banachuu barbaadde fuula isaa qabadhu ykn waraqaa gabaabduu keessa kaa`uun mallattoo taasifadhu.
6. Fakkiifi fuula kitaaba kanarra jiru gonkuma kutuun hin danda`amu.
7. Fuulli tarsa`e yoo jiraate haphee ykn pilaasteriin walqabsiisi.
8. Yeroo kitaaba kana gargaaramtu hunda haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
9. Kitaaba kana yeroo namaaf kennitus ta`e fudhattu eeggannoo barbaachisaa ta`e godhi.
10. Kitaaba haaraa kana jalqabaaf yeroo gargaaramtu fuula jalqabaa suuta saaquu qabda. Of eeggannoo cimaa gochuun itti gargaarami.

BARNOOTA HERREGAA
KITAABA BARATTOOTAA
KUTAA 3

Qopheessitootaa

Asheetuu Bisoo Margaa (MSc)
Misaahun Xaasoo Taaddasaa (BEd)

Tashomaa Caakkaa Daguu (BSc)

Gulaaltootaafi Madaaltoota

Tashoomaa Daggafaa Galaalchaa (MA)
Firoomsaa Namarraa Biduu (MSc)

Qindeessaa

Roobii Waamii (MA)

Saxaaxa :

KOLLEEJJII POOLIITEEKNIKAA INXOOXOO

ADOOLESSA 2022
FINFINNEE ITOOPHIYAA

Maxxansa

© Mirgi maxxansaa guutummaan guutuutti seeraan eegamaadha. Guutuu ykn qaama maxxansa kanaa haalaafi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektirooniksiin, footokoppiidhaaniifi waraabbiidhaan heyyama biiroo barnoota bulchiinsa magaalaa finfinnee maxxansiise malee haala birootiin dabarfamuun dhorkaadha.

Galata

Qophii Kitaaba Barnootaa kana jalqaba irraa kaasee bifa adda ta'eefi fakkeenyummaa qabuun akka hojjatamu muuxxanoofi gahumsa geggeessummaa olaanaa qabaniin yaada marii burqisiisuu, yaada fooyyaa'a qophii kana milkeessu dhiyeessuun yeroo jalqabaatiif akka Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti kitaabni barnootaa barsiisotaan akka qophaa'u murteessuu, baajeta eeyyamsiisuufi naamusa gaariidhaan hoogganamee akka xumuraaf gahu kan taasisan Hoogganaa Biiroo Barnoota Bulchiisa Magaalaa Finfinnee ***Dr. Zalaalam Mulaatuu*** galata guddaatu isaaniif mala.

Hojiin keenya akka milkaa'uuf Yeroo hundumaa hooggansa kennuu, rakkoowwan numudatan battalatti furuu, raawwii qophii kitaabaa hordofuufi gamaaggamuun nu jajjabeessaa kan turan Itti Aanaa Hoogganaa Biiroo Barnootaa fi geggeessan Sirna Barnootaa *Obbo Adimaasuu Dachaasaa*, Hoogganaa I/A Biiroo *Obbo Saamson Mallasee,* Hogganaa I/A Biiroo *Obbo Daanyoo Gabruu* I/G/Waajjira Biiroo *Obbo Sisaay Indaalee,* Gorsituu waliigalaa Hoogganaa Biiroo *Addee Abbabach Nagaashfi* Gorsaa Teekinikaa *Obboo Dastaa Marshaa* gahee ijoo ta'ee ba'achuun xiyyeeffannoo hojichaaf kennanii nu bira dhaabbachuun nu jajjabeessaafi rakkoof furmaata kennaa waan turaniif galatatu isaaniif mala.

Dhuma irratti qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsisaa jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisu gochuun hojiin kana caalu hin jiru jechuun milkaa'ina agrame kan tumsan *Hooggantoonni manneetii Barnootaa Magaalaa Finfiinee* galata qabdu.

Qopheessitoota Kitaabaa

BAAFATA

QABIYYEEWWAN FUULA

BAAFATA……..……..i

BOQONNAA 1. 1

1. LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000FI TARTIIBA ISAANII 1

1.1 Lakkoofsota Dhibbaa Fi Kumaan Lakkaa'uu 2

1.2 Gatii Bakkaa Lakkoofsota Hanga 10,000tti Jiranii 4

1.3 Lakkoofsota Hundaa Hanga 10,000 Tti JiranWaliin Madaauu 8

1.4 Lakkoofsota Hundaa Hanga 10,000tti Jirantartiibessuu 11

1.5 Lakkoofsota Gara Mana Kudhanii, Dhibbaa fi Kumaatti Siqsuu 13

BOQONNAA 2 17

2. LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000TTI JIRAN IDA'UU FI HIR'ISUU 18

2.1 Ida'uu Lakkoofsota Hundaa Hanga 10,000tti 18

2.2 Hir'isuu Lakkoofsota Hundaa Hanga 10,000tti 22

2.3 Pirobileemota Jechaa Ida'uufi Hir'isuu 27

BOQONNAA 3 30

3. LAKKOOFSOTA HUNDAA KANNEEN FIRIIN ISAANII 10,000 GADII BAAY'ISUU 30

3.1 LAkkoofsota Baay'attoota 10, 100fi 1,000 Lakkoofsa Dijiitii 1'n Baay'isuu 31

3.2 Lakkoofsota Hundaa 10,000 Gadii Lakkoofsa Dijiitii Tokkoon Baay'isuu 35

3.3 Pirobileemota Jechaa Lakkoofsota Baay'ataan Isaanii 10,000 Gadiin Furaman 43

BOQONNAA 4 48

4. LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000 JIRAN HIRUU 48

4.1 Lakkoofsota Bakka Wal-Qixatti Hiruufi Irra Deddeebiin Hir'isuu 49

4.2 Lakkoofsota Hanga 20tti Jiran Haftee Malee 2'f Hiruu 51

4.3 Lakkoofsota Hundaa Hanga 10,000tti Jiran 1'f Hiruu……53

4.4 Lakkoofsota Hundaa Hanga 10,000tti Jiran 2 Fi 10'F Hiruu 56
4.5 Lakkoofsota Hundaa Hanga 10,000tti Jiran Hafteemalee 3, 4, 5, 6, 7, 8 Fi 9'F Hiruu 59
4.6 Hariiroo Baay'isuu Fi Hiruu Gidduu Jiru 64
4.7 Pirobileemota Jechaa Lakkoofsota Hanga 10,000tti Jirn Hiruun Furaman 65
BOQONNAA 5 68
5. FIRAAKSHINOOTA. 68
5.1 Walakkaawwan, Kurmaanotaafi Siisoowwan. 69
5.2 Firaakshinii Tokkee Hanga 78
5.3 Walakkaawwaniifi Kurmaanota Lakkoofsota Hundaa. 83
5.4 Firaakshinootaan Ibsuu. 88
BOQONNAA 6. 91
6. PAATERNOOTA. 91
6.1 Guddina Paaternootaa Adda Baasuu. 92
6.2 Itti Fufiinsa Guddina Paaternii Giraafiin. 6
6.3 Paaternoota Deddeebi'oo Keessatti Miseensota Fuulduratti Dhufuu Danda'an Tilmaamuu. 101
6.4 Pirobileemota Paaternootaan Wal-Qabatanfuruu. 104
BOQONNAA 7. 107
7. QABANNAA ODEEFFANNOO 107
7.1 Giraafota Danaan 108
7.2 Giraafota Danaan Kennaman Dubbisuufi Ibsuu. 114
BOQONNAA 8. 102
8. DANAALEE JI'OOMEETIRII. 102
8.1 Tooftaa Daddabarsa Danaalee. 121
8.2 Danaalee Dacha'uu Danda'aniifi Hin Dandeenye. 125
8.3 Danaalee Ji'oomeetirii Lakkoofsa Roga Isaanii Irratti Hundaa'uun Adda Baasuufi Maqaa Itti Moggaasuu. 129
8.4 Amaloota Danaalee Ji'oomeetirii Hubachuun Tarreessuu 113
BOQONNAA 9. 137
9. SAFARA DHEERINAA, HANGAA FI QABEE 137

9.1 Miilimeetira, Saantimeetira, Meetiraafi Kiilomeetiraan Dheerina Safaruu 138
9.2 Dheerina Yuunitii Wal-Fakkaataan Ibsaman Ida'uu Fi Hir'isuu. . .140
9.3 Hanga Miiligiraamii, Giraamii, Kiilogiraamiifi Kuntaalaan. . . . 143
9.4 Hanga Yuunitii Wal-Fakkaataatiin Ibsaman Ida'uu Fi Hir'isuu. 44
9.5 Qabee Miililiitiraan, Liitiraan Fi Gaaloniin. 146
9.6 Qabee Yuunitii Wal-Fakkaataan Ibsaman Ida'uu fi Hir'isuu. 147
9.7 Pirobileemota Jechaa Kanneen Dheerina, Hangaafi Qabee Wantootaan Wal-Qabatan Furuu 150
BOQONNAA 10. 152
10. MAALLAQA ITOOPHIYAA. 152
10.1 Jijjiirraa Maallaqaa. 153
10.2 Pirobileemota Jechaa Maallaqaan Walqabatan 156
BOQONNAA 11. 159
11. YEROO ITOOPHIYAA. 159
11.1 Sa'aatii Dubbisuu. 160
11.2 Sa'aatii, Daqiiqaafi Sekondii. 162
11.3 Guyyaa, Torban, Ji'ootaafi Waggaa. 163
11.4 Kalaanderii Itoophiyaa. 166
11.5 Pirobileemii Jechootaa Yeroon Walqabatan Furuu. 168

BOQONNAA 1

LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000 FI TARTIIBA ISAANII

Bu'aa eegamu:

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ✓ Mana lakkoofsotaa ni hubatu.
- ✓ Tartiibessuu fi waliin madaaluu lakkoofsota hundaa hanga 10,000 ni hubatu.

Qabiyyeewwan boqonnichaa

1.1 Dhibbaa fi kumaan lakkaa'uu.

1.2 Gatii bakkaa lakkoofsotaa hanga 10,000tti.

1.3 Lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti jiran waliin madaaluu.

1.4 Lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti jiran tartiibessuu.

1.5 Lakkoofsota gara mana kudhanii, dhibbaa fi kumaatti siqsuu.

Seensa

Boqonnaa kana keessatti sarara lakkoofsotaa fayyadamuun lakkoofsota hundaa tartiibessuu fi waliin madaaluu ni barattu. Akkasumas, gatii bakkaa fayyadamuudhaan lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti jiran barbaaduuf nu gargaara. Kana malees, lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti jiran kana waliin madaaluu fi tartiibessuun bifa salphaa ta'een wal-caalmaa lakkoofsota hundaa akka hubannu nu taasisa. Dabalataanis, baay'attoota 100 fi 1,000 kanneen hanga 10,000tti jiran irratti hubannoo keenya akka cimsannu nu taasisa.

1.1 LAKKOOFSOTA DHIBBAA FI KUMAAN LAKKAA'UU

Gocha 1.1

1. Lakkoofsota kennaman irratti hundaa'uun dhibba dhibbaan lakkaa'uun gabatee armaan gadii guuti.

100		300			600

2. Aaddee Obseen daldaltuu burtukaanaati. Dukkaana ishee keessaa burtukaana 800 qabdi. Burtukaana qabdu kana dhibba dhibbaan bakka meeqa kaa'uu dandeessi? Burtukaana 6,000 yoo qabaatte kuma kumaan bakka meeqa kaa'uu dandeessi?

1.1.1 Lakkoofsota Dhibbaan Lakkaa'uu

Hiikoo 1.1:

Lakkoofsota dhibbaan lakkaa'uu jechuun, 100, 200, 300,… jechuudha. Akkasumas, lakkoofsota dhibbaan yeroo lakkoofnu 100 irraa eegalla.

Fakkeenya

$100, 200 = 100 + 100, 300 = 200 + 100, 400 = 300 + 100.$

Fakkeenya

a. 100, 200, 300, 400, 500
b. 700, 600, 500, 400, 300
c. 900, 1000, 1100, 1200

1.1.2 Lakkoofsota Kumaan Lakkaa'uu

Hiikoo 1.2:

Lakkoofsota kumaan lakkaa'uu jechuun, 1000, 2000, 3000,… jechuudha. Akkasumas, lakkoofsota kumaan yeroo lakkoofnu 1000 irraa eegalla.

Fakkeenya

a. 1000, 2000, 3000, 4000.
b. 9000, 8000, 7000, 6000,5000.

Fakkeenya

$1000, 2000 = 1000 + 1000, 3000 = 2000 + 1000,$
$4000 = 3000 + 1000.$

Gilgaala 1.1

1. Dhibbaan lakkaa'uu fayyadamuun kanneen armaan gadii guuti.

   a. 100, _____, _____, 300, _____.

   b. 

.

2. Kanneen armaan gadii keessaa kanneen kuma kumaan lakkaa'amanii taa'an adda baasi.
   a. 1000, 2000, 3000, 4000.
   b. 3000, 4000, 5000, 9000.
   c. 200, 300, 4000, 5000.
3. Kanneen armaan gadii keessaa kanneen dhibba dhibbaan lakkaa'amanii taa'an adda baasi.
   a. 50, 100, 150, 200, 250, 300.
   b. 1000, 900, 800,700.
   c. 100, 200, 400, 500, 700.
   d. 300, 400, 500, 600, 700, 800.

1.2 GATII BAKKAA LAKKOOFSOTA HANGA 10,000TTI JIRANII

Gocha 1.2

1. Lakkoofsota armaan gadii keessatti gatii bakka 10000,1000,100 fi 1 adda baasuun barreessi.

	Lakkoofsota kennaman	Tokkee	Kurnee	Dhibbaa	Kumaa	Kuma kudhanii
a	5					
b	9,609					
c	10,000					
d	789					
e	89					


1.2.1 Gatii Bakka Mana Tokkee

Hiikoo 1.3:

Gatii bakka tokkee jechuun, lakkoofsa kenname keessatti dijiitii mana tokkee ibsudha.

Fakkeenya

Lakkoofsa 438 keessatti gatii bakka mana tokkee kan agarsiisu 8 dha. Kunis bilookkeettiidhaan yeroo ibsinu.



Fakkeenya

Mala diddiriirsuutti fayyadamuun gatii bakka mana tokkee lakkoofsa 53 barbaadi.

Furmaata:

$53 = 50 + 3$. Gatiin bakka mana tokkee $3 \times 1 = 3$ ta'a.


1.2.2 Gatii Bakka Mana Kudhanii

Hiikoo 1.4:

Gatii bakka 10 jechuun, lakkoofsa kenname keessatti dijiitii mana kudhanii ibsudha.

Fakkeenya

Lakkoofsa 438 keessatti gatii bakka mana kudhanii kan agarsiisu 3 dha. Kunis bilookkeettiidhaan yeroo ibsinu.



Fakkeenya

Mala diddiriirsuutti fayyadamuun gatii bakka mana kudhanii lakkoofsa 364 barbaadi.

Furmaata: $364 = 300 + 60 + 4$. Gatiin bakka mana kudhanii $6 \times 10 = 60$ ta'a.


1.2.3 Gatii Bakka Mana Dhibbaa

Hiikoo 1.5:

Gatii bakka 100 jechuun, lakkoofsa kenname keessatti dijiitii mana dhibbaa ibsudha.

Fakkeenya:

Lakkoofsa 438 keessatti gatii bakka mana dhibbaa kan agarsiisu 4 dha. Kunis bilookkeettiidhaan yeroo ibsinu.



1.2.4 Gatii Bakka Mana Kumaa

Hiikoo 1.6:


Gatii bakka 1,000 jechuun, lakkoofsa kenname keessatti dijiitii mana kumaa ibsudha.

Fakkeenya

9,543 lakkoofsa kenname kana keessatti gatiin bakka mana kumaa, kuma sagali (9000) dha.

Kunis, $9 \times 1{,}000 = 9{,}000$.

Fakkeenya



1.2.5 Gatii Bakka Mana Kuma Kudhanii

Hiikoo 1.7:


Gatii bakka 10,000 jechuun, lakkoofsa kenname keessatti dijiitii mana kuma kudhanii ibsudha.

Fakkeenya

10,000 lakkoofsa kenname kana keessatti gatiin bakka mana kuma kudhanii, kuma kudhan(10,000)dha.

Kunis, $1 \times 10{,}000 = 10{,}000$.

Fakkeenya



Hubachiisa:

Gatii bakka lakkoofsotaa adda baasuuf, dijiitota kennaman mirgaa gara bitaatti yommuu lakkoofnu,

- Manni tokkee jalqaba irratti argama.
- Manni kudhanii lammaffaa irratti argama.
- Manni dhibbaa sadaffaa irratti argama.
- Manni kumaa arfaffaa irratti argama.
- Manni kuma kudhanii shanaffaa irratti argama.

Gilgala 1.2

1. Lakkoofsota armaan gaditti kennamaniif gatii bakka mana kuma kudhanii isaanii barreessi.

   a. 10,000 b. 2,360 c. 582

2. Gatii bakkaa irratti hundaa'uun lakkoofsaan barreessi.

   a. 9,000 + 75 + 25 b. 4,000 + 30 + 0

   c. 8,000 + 900 + 9 d. 10,000 + 0

3. Moodela bilookkeettii fayyadamuun gatii bakka mana tokkee, kudhanii, dhibbaa fi kumaa agarsiisi.

a. 6 b. 95 c. 231 d. 2,579 e. 9,999

1.3 LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000 TTI JIRAN WALIIN MADAALUU

Gocha 1.3

1. Gabateen armaan gadii to'annoo maqaa barattoota kutaa 3ffaa (A hanga G) Mana Barumsaa Jeneraal Waaqoo Guutuu kan guyyaa wixataa hanga jimaataa kan torbee tokkoo agarsiisa haa jennu.

Guyyaa	Baay'ina barattoota argamanii
Wixata	345
Kibxata	395
Roobii	380
Kamisa	395
Jimaata	379

a. Guyyaa kam barattootni baay'inaan argaman? Meeqatu dhufe?
b. Guyyaa kam barattootni mana barumsichaa muraasni argaman? Hangamtu dhufe?
c. Guyyaa kam kam barattootni mana barumsichaa baay'inaan wal-qixa argaman? Hangamiin?
d. Baay'ina barattootni mana barumsichaa wixataa hanga jimaataatti argamanii xiqqaarraa gara guddaatti barreessi.

Hubachiisa:

Lakkoofsota dijiitii wal-qixa qaban yeroo waliin madaallu dura mana lakkoofsaa isa guddaarraa jalqabna (bitaarraa gara mirgaatti). Dijiitotni mana lakkoofsaa isa guddaarratti argamanii yoo wal-qixa ta'an, mana lakkoofsaa isa itti aanu irra warra jiran waliin madaalla.

Fakkeenya:

Lakkoofsota armaan gadii mallattoo " > " yookiin " < "n waliin madaali.

a. 7,456 fi 9,321
b. 5,786 fi 5,641
c. 6,739 fi 6,776
d. 2,856 fi 2,854

Furmaata:

Gabateen gatii bakka isaanii adda baasnee madaalla. a.

Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
7	4	5	6
9	3	2	1

7 < 9 ti, kanaaf, 7,456 < 9,321 ti.

b.

Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
5	7	8	6
5	6	4	1

Wal-qixa 7 > 6 ti , kanaaf, 5,786 > 5,641 ti.

c.

Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
6	7	3	9
6	7	7	6

Wal-qixa Wal-qixa 3 < 7 ti, kanaaf, 6,739 < 6,776 ti. d.

Kumoota	Dhibboota		Kurnoota	Tokkeewwan
2	8		5	6
2	8		5	4

Wal-qixa Wal-qixa Wal-qixa 6 > 4 ti, kanaaf, 2,856 > 2,854 ti.

Gilgaala 1.3

1. Gabatee gatii bakkaa fayyadamuun waliin madaali.
   a. 9,764 fi 8,946 c. 5,346 fi 5,379 d. 673 fi 673
   b. 7,512 fi 7,914 e. 1,452 fi 1,451
2. Mallattoo " > " ykn " < " fayyadamuun waliin madaali.
   a. 9,689 _____ 7,469 c. 2,960 _____ 6,029
   b. 9,991 _____ 9,990 d. 4,000 _____ 4,001
3. Gabateen armaan gadii baay'ina ummataa iddoowwan bulchiinsa magaalaa Finfinnee armaan gaditti caqafamanii haa jennu.

Maqaa iddoowwan bulchiinsa Magaalaa Finfinnee	Baay'ina namaa
Daalattii	8,497
Caffee Aannanii	7,856
Muujjaa	6,731
Doloolloo Buddeenaa	9,057
Caffee Tumaa	1,999
Boolee Bulbulaa	3,876

   a. Iddoo kamtu baay'ina namaa guddaa qaba? Hagamiin?
   b. Iddoo kamtu baay'ina namaa xiqqaa qaba? Hagamiin?
   c. Baay'ina namoota iddoowwan kanneenii xiqqaarraa gara guddaatti barreessi.
   d. Baay'ina namoota iddoowwan kanneenii guddaarraa gara xiqqaatti barreessi.

1.4 LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000TTI JIRAN TARTIIBESSUU

Gocha 1.4

1. Gabateen armaan gadii baay'ina barattoota mana barumsa shanii keessatti bara barnootaa tokko keessa galmaa'an haa jennu.

Maqaa Mana Barumsaa	Baay'ina Barattoota Galmaa'anii
Jeneraal Waaqoo Guutuu	4,571
Jeneraal Taadasaa Birruu	3,416
Gaara Guurii	3,607
Burqaa Waayyuu	4,419
Yaadannoo Artistii Haacaaluu Hundeessaa	3,516

a. Mana Barumsaa Burqaa Waayyuuti moo Gaara Guuriitu irra galmeesse?

b. Baay'ina barattoota galmaa'anii keessaa manni barumsa baay'ee galmeesse kami? Hangamiin?

c. Baay'ina barattoota galmaa'anii xiqqaatii gara guddaatti tartiibessi.

d. 4576, 4419, 3607, 3516, 3416 baay'ina barattoota galmaa'anii guddaatii gara xiqqaatti. (Dhugaa moo Soba)

Fakkeenya:

a. 4020,4021,4022,4023,4024 (xiqqaa gara guddaatti tartiiba'e).

b. 7541, 6219, 5309, 3768 (Guddaa gara xiqqaatti tartiiba'e).

Lakkoofsa hundaa xiqqaadhaa gara guddaatti ykn guddaadhaa gara xiqqaatti tartiibessuuf, lama lamaan walmadaalchisna.

Gilgaala 1.4

1. Lakkoofsota armaan gaditti kennaman xiqqaadhaa gara guddaatti tartiibessi.
   a. 5000, 7000, 9000, 3000
   b. 9767, 1286, 3450, 5986
   c. 7777, 777, 3456, 690
2. Lakkoofsota armaan gaditti kennaman guddaadhaa gara xiqqaatti tartiibessi.
   a. 3793, 1246, 7841, 5690
   b. 2000, 4000, 6000, 8000
   c. 4349, 5772, 9848, 9999

✓ a , b fi c'n lakkoofsota hundaa yoo ta'anii fi $a < b < c$ ta'e, gatiin b lakkoofsa hundaa a fi c gidduu jiru ta'a.

Fakkeenya:

Kanneen armaan gadii keessatti lakkoofsa b bakka bu'u barbaadi.

1. $123 < b < 127$
2. $5{,}712 < b < 5{,}720$

Furmaata:

1. $123 < b < 127$. Kana keessatti b'n lakkoofsa hundaa 123 fi 127 gidduu jiru bakka bu'udha.

   Kanaaf, b = 124, 125, 126 ta'a.

2. $5{,}712 < b < 5{,}720$. Kana keessatti b'n lakkoofsa hundaa 5712 fi 5720 gidduu jiru bakka bu'udha.

   Kanaaf, b = 5713, 5714, 5715, 5716,

   5717, 5718, 5719 ta'a.

Gilgaala 1.5

1. Kanneen armaan gadiif lakkoofsota hundaa bakka b bu'an barbaadi.
   a. $2{,}240 < b < 2{,}247$
   b. $387 < b < 390$
   c. $9{,}998 < b < 10{,}000$

1.5 LAKKOOFSOTA GARA MANA KUDHANII, DHIBBAA FI KUMAATTI SIQSUU

Gocha 1.5

1. Barattoota garee 6 qaban irratti yoo meeqa daballe garee kudhanii ijaaruu dandeenya?
2. Daree tokko keessa barattoota 73tu jiru. Yoo barattoota kana 70tti hir'isuu barbaanne meeqa irraa hir'ifna?

1.5.1 Lakkoofsota Gara Mana Kudhaniitti Siqsuu

Hiikoo 1.8:

Lakkoofsa kenname gara mana kudhaniitti siqsuuf, mana tokkee ilaallee yoo 5nii gadi ta'e mana tokkee zeeroon bakka buusnee dijiitota hafan akkuma jirutti fudhanna.

Manni tokkee 5nii fi isaa ol yoo ta'e ammoo mana tokkee zeeroon bakka buusnee mana kudhanii irratti ammoo tokko idaana.

Fakkeenya

Lakkoofsa 123 gara mana kudhaniitti siqsi.

Furmaata:

$3 < 5$ waan ta'eef, lakkoofsa 123 gara mana kudhaniitti yoo siqsinu 120 ta'a.

Fakkeenya

Lakkoofsa 67 gara mana 10niitti siqsi.

Furmaata:

7 > 5 waan ta'eef, lakkoofsa 67 gara mana kudhaniitti yoo siqsinu70 ta'a.

Fakkeenya

Lakkoofsa 85 gara mana 10niitti siqsi.

Furmaata:

5 = 5 waan ta'eef, lakkoofsa 85 gara mana kudhaniitti yoo siqsinu 90 ta'a.

1.5.2 Lakkoofsota Gara Mana dhibbaatti Siqsuu

Hiikoo 1.9:

Lakkoofsa kenname gara mana dhibbaatti siqsuuf, mana kudhanii ilaallee yoo 5 gadi ta'e mana tokkee fi mana kurnee zeeroon bakka buusnee dijiitii hafe akkuma jirutti fudhanna.

Lakkoofsa kenname gara mana dhibbaatti siqsuuf, yoo manni kudhanii 5 fi isaa ol ta'e mana tokkee fi mana kudhanii zeeroon bakka buusnee dijiitii gara bitaatti hafe irratti ammoo tokko idaana.

Fakkeenya

Lakkoofsa 435 gara mana dhibbaatti siqsi.

Furmaata:

3 < 5 waan ta'eef, lakkoofsa 435 gara mana dhibbaatti yoo siqsinu 400 ta'a.

Fakkeenya

Lakkoofsa 485 gara mana 100tti siqsi.

Furmaata:

8 > 5 waan ta'eef, lakkoofsa 485 gara mana dhibbaatti yoo siqsinu 500 ta'a.

1.5.3 Lakkoofsota Gara Mana kumaatti Siqsuu

Hiikoo 1.10:

Lakkoofsa kenname gara mana kumaatti siqsuuf, mana dhibbaa ilaallee yoo 5 gadi ta'e mana tokkee, mana kurnee fi mana dhibbaa zeeroon bakka buusnee dijiitii hafe akkuma jirutti fudhanna.

Lakkoofsa kenname gara mana kumaatti siqsuuf, yoo manni dhibbaa 5 fi isaa ol ta'e mana tokkee, mana kudhanii fi mana dhibbaa zeeroon bakka buusnee dijiitii gara bitaatti hafe irratti ammoo tokko idaana.

Fakkeenya

2,463 gara mana kumaatti siqsi.

Furmaata:

4 < 5 waan ta'eef, lakkoofsa 2,463 gara mana kumaatti yoo siqsinu 2,000 ta'a.

Fakkeenya

Lakkoofsa 6,852 gara mana 1,000tti siqsi.

Furmaata:

8 > 5 waan ta'eef, lakkoofsa 6,852 gara mana kumaatti yoo siqsinu 7,000 ta'a.

Gilgaala 1.6

1. Lakkoofsota gabatee armaan gadii keessatti kennaman gara mana gaafatamteetti siqsi.

Lakkoofsa	Gara mana kudhaniitti	Gara mana dhibbaatti	Gara mana kumaatti
9			
277			
1,436			
9,999			
3			
10			
100			

BOQONNAA 2

LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000TTI JIRAN IDA'UU FI HIR'ISUU

Bu'aa eegamu:

Xumura boqonnaa kanaatti barattonni:

- ✓ Ida'uu fi hir'isuu lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti jiran ni hubatu.
- ✓ Ida'uu fi hir'isuu lakkoofsota hundaa ta'ii guyyaa guyya keessatti hojiirra ni oolchu.

Qabiyyeewwan boqonnichaa

2.1 Ida'uu lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti.

2.2 Hir'isuu lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti.

2.3 Pirobileemota Jechaa Ida'uu fi Hir'isuu.

Seensa

Boqonnaa kana keessatti lakkoofsonni hundaa dijiitii sadii fi afurii akkaataa kamiin akka ida'amanii fi hir'ifaman gadi fageenyaan ni baratamu. Kanamalees, pirobileemota jechaa lakkoofsota hanga 10,000tti jiran kan ida'uu fi hir'isuun wal-qabatan jireenya guyyaa guyyaa keessatti wantoota mudataniin wal-qabsiisuun, barattoonni dandeettii yaaduu isaanii akka cimsataniif boqonnaan kun ni gargaara.

2.1 IDA'UU LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000TTI

2.1.1 Lakkoofsota Hundaa Kan Dijiitii Sadii Ida'uu

Gocha 2.1

1. Gabatee armaan gadii irratti baay'attoota 100 iddoo hir'atetti guuti.

100		300	400	
	700	800		1,000
1,100	1,200			1,500

2. Saanduqa tokko keessa loomii 125 fi burtukaana 513tu jiru. Walumaagalatti, saanduqicha keessa loomii fi burtukaana meeqatu jiru?

Fakkeenya

346 fi 511 walitti ida'i.

Furmaata:

346+511= ☐

346

+ 511

857

Dijiitota mana tokkee walitti ida'uudhaan(6+1=7)

Dijiitota mana kudhanii walitti ida'uudhaan(4+1=5)

Dijiitota mana dhibbaa walitti ida'uudhaan(3+5=8)

Kanaafuu, 346 + 511 = 857 ta'a.

Fakkeenya

Lakkoofsota armaan gadii ida'i.

a. $704 + 126$ b. $274 + 569$

Furmaata:

a.
$$\begin{array}{r} {\scriptstyle 1} \\ 704 \\ +\ 126 \\ \hline 830 \end{array}$$

4+6=10 waan ta'eef, 0 barreeffannee 1 hambifanna.

0+2+1= 3(1 mana tokkeerraa kan hafe)

7+1= 8 waan ta'eef.

b.
$$\begin{array}{r} {\scriptstyle 11} \\ 274 \\ +\ 569 \\ \hline 843 \end{array}$$

4+9=13(3 barreeffannee 1 hambifanna)

1+7+6=14(4 barreeffannee 1 hambifanna)

1+2+5=8

Dabalataanis, lakkoofsota hundaa kana karaa gargar diiguutiin ykn walitti makuutiin baay'attoota dhibbaa uumuudhaan agarsiisuun ni danda'ama.

Fakkeenya:

a. $125 + 185 = 100 + 20 + 5 + 100 + 80 + 5 = 310.$
b. $150 + 264 = 100 + 50 + 0 + 200 + 60 + 4 = 414.$

Gilgaala 2.1

1. Lakkoofsota armaan gadii ida'i.

a. 127 + 41	c. 425 + 263	e. 468 + 216	g. 627 + 435
b. 82 + 17	d. 762 + 222	f. 758 + 469	h. 999 + 1

2. Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

a. Wirtuun biqiltuu Gullallee bara 2013tti mana barumsaa Balaay Zallaqaa Qilxuuf biqiltuu Gaattiraa 625 fi Waddeessa 374 yoo arjoome, walumaagalatti biqiltuu meeqa arjoome?

b. Gaaf tokko buufata xiyyaaraa Idil-Addunyaa Boolee irraa namoonni 564 gara Keeniyaa fi namoonni 752 ammoo gara Ameerikaatti yoo balalii taasisan, walumaagalatti namoota meeqatu imale?

2.1.2 Lakkoofsota Hundaa Kan Dijiitii Afurii Ida'uu

Gocha 2.2

Gatii a fi b armaan gaditti kennaman irratti hundaa'uun ida'ama isaanii barbaadi.

	Gatii a	Gatii b	$a + b$
1	26	1,235	
2	132	2,863	
3	5,040	3,876	
4	4,309	5,286	
5	7,683	1,943	
6	2,657	5,695	

- Lakkoofsota hundaa tooftaalee garaa garaatti gargaaramnee ida'uu ni dandeenya. Kanneen keessaas tooftaan diddiriirsanii ida'uu isa tokkodha.

Fakkeenya:

Ida'i.

a. 4,275 + 3,693 b. 2,624 + 3,362

Furmaata:

a. 4,275 + 3,693 =?

	Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
	4	2	7	5
	3	6	9	3
Kumoota ida'i 4,000 + 3,000 ⇨	7	0	0	0
Dhibboota ida'i 200 + 600 ⇨	0	8	0	0
Kurnoota ida'i 70 + 90 ⇨	0	1	6	0
Tokkeewwan ida'i 5 + 3 ⇨	0	0	0	8
Ida'ama qoqqoodaman ida'i ⇨	7	9	6	8

Kanaafuu, 4,275 + 3,693 = 7968 ta'a.

b. 2,624 + 3,362 = ?

2,624 = 2,000 + 600 + 20+ 4

+ 3,362 = 3,000 + 300 + 60+ 2

= 5,000 + 900 + 80 + 6

= 5,986

Kanaafuu, 2,624 + 3,362 = 5,986 ta'a.

Gilgaala 2.2

1. Ida'i.

a. 2,648 + 351 b. 4,362 + 3,526

c. 4,768 + 2,222 d. 3,789 + 2,630

e. 5,602 + 3,063 f. 7,777 + 1,234 g. 2,525 + 5,252 h. 9,999 + 1

2. Lakkoofsota armaan gadii mana isaaniitiin diddiriirsi.

a. 2,964 b. 3,875 c. 6,942 c. 7,156

3. Tooftaa diddiriirsanii ida'uutti gargaaramuun ida'i.

a. 4,231 + 5,621 b. 7,643 + 2,256 c. 6,953 + 2,514

4. Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

a. Aadde Laliseen miindaa ji'aa qarshii 5,406 argatti.

Abbaan manaa ishee ammoo ji'aan qarshii 4,275 argata yoo ta'e, walumaa galatti qarshii meeqa argatu?

b. Leenjii biiroon dhimma dubartootaa fi daa'immanii bulchiinsa magaalaa Finfinnee qopheesse tokko irratti kutaa magaalaa Eekkaarraa dubartoota 4,897 fi kutaa magaalaa Boolee irraa dubartoonni 4,565 yoo hirmaatan, waliigalatti kutaa magaalaa lamaan irraa dubartoota meeqatu hirmaate?

2.2 HIR'ISUU LAKKOOFSOTA HUNDAA HANGA 10,000TTI

2.2.1 Lakkoofsota Hundaa Kan Dijiitii Sadii Hir'isuu

Gocha 2.3

1. Mee hojjettoota dhaabbata tokkoo jaha manneen waliin jireenyaa mootummaa irraa kireeffatanii jiraataniif dhaabbanni isaanii qarshii dura kanfalan irraa tokkoon tokkoon isaaniif qarshii 220 kanfaluufiidhaan yoo irraa hir'ise, qarshii isaan amma kanfalan gabatee irratti guuti.

Maqaa hojjattootaa	Qarshii dura kanfalaa turan	Qarshii isaan amma kanfalan

Roobsan	762	
Lalistuu	953	
Boonaa	987	
Galaanee	642	
Gaaddisee	870	
Gadaa	795	

Fakkeenya

Lakkoofsota armaan gadii hir'isi.

a. $947 - 526$ b. $753 - 227$ c. $826 - 453$

Furmaata: a. 947

- 526

421

Mirkaneessuuf, $421 + 526 = 947$.

b. 753

- 227


526

1 mana kudhanii irraa liqeeffachuun(13- 7=6)

5 irraa 1 mana tokkeef waan liqeessineef(4- 2=2)

Mirkaneessuuf, $526 + 227 = 753$.

c. 826
- 453
373



Mirkaneessuuf, $373 + 453 = 826$.

Gilgaala 2.3

1. Lakkoofsota arman gadii hir'isiitii deebii kee ida'uun mirkaneessi.

a. 526	b. 957	c. 784	d. 937
-213	- 624	- 206	- 428
e. 532	f. 789	g. 909	h. 1,000
- 421	- 222	- 699	-762

2. Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.
   a. Dhaabbanni miti-mootummaa tokko sababa dhibee vaayirasii koronaa "Covid-19" jedhamuun hojjettoota dura qabu 784 keessaa hojjettoota 231 yoo hir'ise, hojjettoota meeqatu dhaabbaticha keessatti hafe?
   b. Mana barumsaa tokko keessa barattoota 865tu jiru. Barattoota kana keessaa baay'inni dubarootaa 496 yoo ta'e, baay'inni barattoota dhiiraa meeqa?

2.2.2 Lakkoofsota Hundaa Kan Dijiitii Afurii Hir'isuu

Gocha 2.4

1. Mee hojjettoonni dhaabbata fayyaa shan miindaa ji'aan argatan irraa deeggarsa Hidha Haaromsaa Guddichaaf tokkoon tokkoon isaanii qarshii 1,500 yoo arjooman, qarshiin meeqa akka hafuuf gabatee irratti guuti.

Maqaa hojjettootaa	Miindaa ji'aan argatan	Qarshii hafuuf	deeggarsarraa
Seenaa	9,091		
Lammii	8,087		
Hawwii	7,692		
Siifan	9,654		
Mootii	9,340		

Liqeeffannaa Malee Hir'isuu

Fakkeenya 1: Biqiltuuwwan sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin waggaa tokko keessa akka kutaa magaalaa Lammii Kuraatti dhaabaman 9,876 keessaa biqiltuun 7,843 yoo lafa qabatan, biqiltuuwwan gogan meeqa?



Furmaata:

Baay'ina biqiltuuwwan goganii argachuuf, baay'ina biqiltuuwwan dhaabamaniirraa baay'ina biqiltuuwwan lafa qabatanii hir'isna.

Kunis, 9,876
- 7,843
2,033

Kanaafuu, biqiltuuwwan 2,033tu goge jechuudha.

Liqeeffannaadhaan Hir'isuu

Fakkeenya

Lakkoofsota armaan gadii hir'isi.

a. $6{,}435 - 2{,}638$ b. $5{,}394 - 2{,}636$

Furmaata:

a. 6,435
- 2,358
4,077

5 irraa 8 hir'isuun waan hin danda'amneef, mana kudhaniirraa 1 liqeeffachuun(15- 8=7)

2 irraa 5 hir'isuun waan hin danda'amneef, mana dhibbaarraa 1 liqeeffachuun(12- 5=7)

3- 3=0, sababni isaas 4 irraa 1 mana kudhaniif liqeessinee waan turreef

Kumoota wal-irraa hir'isuun(6- 2=4)

Kanaafuu, $6{,}435 - 2{,}358 = 4{,}077$ ta'a.

b. $5{,}394 - 2{,}636 = 2{,}758$ ta'a.

Gilgaala 2.4

1. Lakkoofsota armaan gadii hir'isi.

a. $5{,}364 - 241$ b. $7{,}846 - 4{,}215$ c. $4{,}664 - 3{,}213$

d. $5{,}004 - 2{,}901$ e. $7{,}864 - 5{,}32$ f. $10{,}000 - 1{,}236$

g. $9{,}099 - 1{,}902$ h. $8{,}436 - 4{,}657$

2. Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

a. Manni mukaa tokko balbala qarshii 6,750 fi foddaa ammoo qarshii 3,485'n maamiltoota isaaf dhiyeessa. Gatiin balbalaa gatii foddaa meeqaan caala?

b. Buufata filannoo marsaa 6ffaaf akka biyyaatti gaggeeffame ilaalchisuun namoota 3,215 buufata filannoo tokko irratti galmaa'an keessaa namoonni 2,847 sagalee isaanii yoo kennan, namoonni sagalee isaanii hin kennine meeqa?

2.3 PIROBILEEMOTA JECHAA IDA'UU FI HIR'ISUU

Hubachiisa:

Pirobileemota jechaa nuuf kenname tokko furuuf, tarkanfileen nuti hordofuu qabnu kan armaan gadiiti.

Tarkaanfii 1. Gaaffii kenname haalaan dubbisuu.

Tarkaanfii 2. Waan kennamee fi waan barbaadamu adda baafachuu.

Tarkaanfii 3. Waan barbaadamu argachuuf karaa ittiin shallagan filachuu.

Tarkaanfii 4. Tooftaa shallaguu filatameen hojjetanii deebii sirrii argachuu.

Fakkeenya

Barsiisota kutaa magaalaa Aqaaqii Qaallittii leenjii barnoota gannaa qaban 1,475 keessaa 752 barsiisota shamarranii yoo ta'an, baay'inni barsiisota dhiiraa meeqa?

Furmaata:

i. Kan kenname:

- ✓ Baay'inni barsiisota waliigalaa 1,452 ta'uu.
- ✓ Baay'inni barsiisota shamarranii 752 ta'uu.

ii. Kan gaafatame: Baay'ina barsiisota dhiiraa.

iii. Isa barbaadamu argachuudhaaf hir'isuutti gargaaramna.

✓ Baay'ina barsiisota dhiiraa argachuuf, baay'ina barsiisota waliigalaa hir'isuu baay'ina barsiisota shamarranii ta'a.

Kunis, $1452 - 752 = 700$. Kanaafuu, Baay'inni barsiisota dhiiraa 700 dha.

Mirkaneessuu: $752 + 700 = 1{,}452$.

Fakkeenya

Barattoota kutaa 3ffaa bara tokko mana barumsaa tokkotti galmaa'an 425 keessaa barattoonni 37 barnoota isaanii addaan kutan. Barattoota barnoota isaanii hordofaa turan keessaa ammoo barattoonni 56 kutaa 4ffaatti hin dabarre yoo ta'e, barattoota meeqatu kutaa 4ffaatti darbe?

Furmaata:

i. Kan kenname:

✓ Barattoota galmaa'an 425.

✓ Kan barnoota addaan kutan 37.

✓ Kan kutaa 4ffaatti hin darbiin 56.

ii. Kan gaafatame: Barattoota kutaa 4ffaatti darban.

iii. Isa barbaadamu argachuudhaaf, dursa barattoota barnoota addaan kutanii fi barattoota kutaa 4ffaatti hin darbiin walitti idaana.

Kunis, $37 + 56 = 93$.

Dhumarratti, barattoota kutaa 4ffaatti darban argachuuf 425 irraa 93 hir'ifna.

Innis, $425 - 93 = 332$ ta'a.

Kanaafuu, barattoonni kutaa 4ffaatti darban 332 ta'u.

Gilgaala 2.5

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

1. Aadde Bashaatuun ilma isaanii Firaa'oliif kophee qarshii 650'n fi kofoo qarshii 450'n yoo bitaniif, walumaagalatti qarshii meeqa baasan?
2. Ida'amni lakkoofsota hundaa sadii 1,768 dha. Lakkoofsota ida'aman sadan kana keessaa lama 275 fi 408 yoo ta'an, lakkoofsi inni sadaffaan meeqa?
3. Hararii ka'anii Fiichee deemuuf Finfinnee keessa darbama. Fageenyi Hararii fi Fiichee gidduu jiru 635km fi fageenyi Finfinneedhaa hanga Fiichee jiru ammoo 121km yoo ta'e, fageenyi Hararii hanga Finfinnee meeqa?
4. Obbo Dibaabaan Baankii Daldala Itoophiyaa irraa qarshii 2,437, Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa irraa qarshii 3,534 fi Baankii Awaash irraa ammoo qarshii 3,815 baasii yoo godhan, walumaagalatti qarshii meeqa baafatan?
5. Daldalaan muduraa fi kuduraa tokko qullubbii diimaa kuntaala 764, kaarotii kuntaala 576 fi moosee kuntaala 692 kuusaa keessaa qabu keessaa, qullubbii diimaa kuntaala 163, kaarotii kuntaala 238 fi moosee kuntaala 573 yoo gurgure, baay'inni qullubbii diimaa, kaarotii fi moosee hin gurguramiinii meeqa meeqa?
6. Iddoo cidhaa tokkotti namoota 191 tu argame. Namoota iddoo cidhaatti argaman keessaa namoonni huccuu aadaa uffatan 114 yoo ta'an, baay'ina namoota huccuu aadaa hin uffatiinii barbaadi.

BOQONNAA 3

LAKKOOFSOTA HUNDAA KANNEEN FIRIIN ISAANII 10,000 GADII BAAY'ISUU

Bu'aa eegamu:

Xumura boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ✓ Baay'attoota 100, 1,000 fi lakkoofsota hundaa 10,000 gadii dijiiitii 1'n baay'isuu ni hubatu.
- ✓ Baay'isuu lakkoofsota hundaa hanga 10,000tti ta'ii guyyaa guyyaa keessatti hojii irra ni oolchu.

Qabiyyeewwan boqonnichaa

3.1 Lakkoofsota baay'attoota 10, 100 fi 1,000 lakkoofsa dijiitii 1'n baay'isuu.

3.2 Lakkoofsota hundaa 10,000 gadii lakkoofsa dijiitii 1'n baay'isuu.

3.3 Pirobileemota jechaa jireenya guyyaa guyyaa keessatti mudatan kanneen 10,000 gad-jiran baay'isuu.

Seensa

Jiruuf jireenya dhala namaa keessatti baay'isuun bakka olaanaa qaba. Sababni isaas, baay'isuu jechuun irra deddeebi'anii ida'uu waan ta'eef, guyyaa guyyaatti wantoota gara garaa irra deddeebiin ida'aa oolla. Boqonnaan kun ammoo lakkoofsota dijiitii lamaa fi dijiitii sadii akkamitti akka lakkoofsota dijiitii tokkoon baay'isuun danda'amu kan nu barsiisudha. Dabalataanis, pirobileemonni jechaa kan dijiitii lamaa fi dijiitii sadiin wal-qabatan ni furamu.

3.1 LAKKOOFSOTA BAAY'ATTOOTA 10, 100 fi 1,000 LAKKOOFSA DIJIITII 1'N BAAY'ISUU

3.1.1 Lakkoofsota Baay'attoota 10, 100 fi 1,000 Hanga 10,000tti Jiran Zeeroo Fi Tokkoon Baay'isuu

Gocha 3.1

1. Baay'attoota 10, 100 fi 1,000 armaan gadii 0 fi 1'n baay'isuudhaan gabatee armaan gadii irratti guuti.

×	0	1
10	0	10
20		
30		
400		
5,000		
100		
2,000		
300		

Hiikoo 3.1:

Lakkoofsota hundaa kamiyyuu zeeroodhaan yoo baay'isne, firiin argannu zeeroo ta'a.

Fakkeenya: $10 \times 0 = 0$

$20 \times 0 = 0$

$100 \times 0 = 0$

$300 \times 0 = 0$

$6{,}000 \times 0 = 0$

Hiikoo 3.2:

Lakkoofsota hundaa kamiyyuu tokkoon yoo baay'isne, lakkoofsichuma mataa isaa arganna.

Fakkeenya: $20 \times 1 = 20$

$60 \times 1 = 60$

$300 \times 1 = 300$

$400 \times 1 = 400$

$9{,}000 \times 1 = 9000$

Gilgaala 3.1

1. Baay'isi.

a. 900×1 c. 1×500 e. $1 \times 4{,}000$

b. 700×0 d. $0 \times 1{,}000$ f. 1×70

3.1.2 Baay'attoota 10, 100 fi 1,000 Hanga 10,000tti jiran Lakkoofsota 2 Hanga 9 Jiraniin Baay'isuu

Gocha 3.2

1. Waliin baay'isi.

a. 8×10 b. 2×50 c. 6×90

d. 3×100 e. 2×200 f. 6×500

g. 3 × 3,000 h. 2 × 4,000 i. 5 × 2,000

2. Ijaaraan hojii guyyaa tokko hojjeteef qarshii 300tu kanfalamaaf. Hojuma kana guyyaa 4'f yoo hojjete qarshii hammamiitu kanfalamaaf?

Hiikoo 3.3:

a. Baay'ataa kudhanii jechuun irra deddeebii ida'ama kurnootaati.

b. Baay'ataa dhibbaa jechuun irra deddeebii ida'ama dhibbootaati.

c. Baay'ataa kumaa jechuun irra deddeebii ida'ama kumootaati.

Fakkeenya

a. $40 = 10 \times 4 = 10 + 10 + 10 + 10.$

b. $600 = 100 \times 6 = 100 + 100 + 100 + 100 + 100 + 100.$

c. $4{,}000 = 1{,}000 \times 4 = 1{,}000 + 1{,}000 + 1{,}000 + 1{,}000$ ta'a.

Fakkeenya

Lakkoofsa armaan gadii baay'isi.

a. 7 × 300 b. 6 × 800 c. 9 × 900

Furmaata:

a. 7 × 3 = 21
7 × 30 = 210
7 × 300 = 2,100

b. 6 × 8 = 48
6 × 80 = 480
6 × 800 = 4,800

c. 9 × 9 = 81
9 × 90 = 810
9 × 900 = 8,100

Kana irraa wanti hubatamu, ammuma zeeroon kallattii mirgaa baay'ataatiin dabalaa adeemu, firiinis dabalaa adeema.

Gilgaala 3.2

1. Gabatee armaan gadii irratti baay'attoota 10 lakkoofsota dijiitii tokkoo kennamaniin baay'isuun guuti.

×	10	20	30	40	50	60	70	80	90
2									
3									
4									
5									
6									
7									
8									
9									

2. Gabatee armaan gadii irratti baay'attoota 100 fi 1,000 lakkoofsota dijiitii tokkoo kennamaniin baay'isuun guuti.

×	100	200	300	400	500	600	700	800	900	1,000
2										
3										
4										
5										
6										
7										
8										
9										

3. Kuulaniin burtukaana saanduqa 6 bitte. Saanduqni tokko burtukaana 400 qabata yoo ta'e, Kuulaniin burtukaana meeqa bitte?
4. Abbaan qabeenyaa tokko gamoo abbaa darbii 7 hojjechiisuu barbaade. Darbii tokko hojjechiisuuf simmintoo kuntaala 200tu barbaachisa yoo ta'e, darbiiwwan 7'f simmintoo kuntaala meeqatu barbaachisa?

3.2 LAKKOOFSOTA HUNDAA 10,000 GADII LAKKOOFSA DIJIITII TOKKOON BAAY'ISUU

3.2.1 Lakkoofsota Dijiitii Lamaa Lakkoofsota Dijiitii Tokkoon Baay'isuu

Lakkoofsota dijiitii lamaa yeroo jennu, lakkoofsota 10'nii hanga 99 jiranidha. Lakkoofsonni kunis maatiiwwan 10 jedhamu. Lakkoofsota maatiiwwan 10 ta'an kana keessas baay'attoonni 10'nii ni jiru.

Isaanis:- 10, 20, 30 fi k.k.f dha.

Lakkoofsota dijiitii lamaa lakkoofsota dijiitii tokkootiin bay'isuuf, maloota armaan gadiitti gargaaramna.

A. Mala diddiriirsuu

Gocha 3.3

1. Lakkoofsota armaan gadii tooftaa diddiriirsanii baay'isuutti gargaaramuudhaan shallagi.

   a. 17×5 b. 28×3 c. 43×6 d. 92×2

   e. 75×4 f. 61×9 g. 77×7 h. 82×8

   Mala kana gargaaramuuf, lakkoofsota mana mana isaaniitiin diddiriirsina.

Fakkeenya

Manni barumsaa tokko barattoota 3'f tokkoon tokkoon isaaniif barruulee 24 yoo kenne, walumagalatti barruulee meeqa kenne?

Furmaata:

$3 \times 24 = ?$

	Kurnoota	Tokkee
24 yeroo diddiriirsinu, 20 + 4 ta'a.	2	4
	×	3
Kurnoota 2, tokkee 3'n baay'isi 20 × 3 →	6	0
Tokkee 4, tokkee 3'n baay'isi 4 × 3 →	+ 1	2
Baay'attoota qoqqoodaman lachuu walitti ida'i 60 + 12 →	7	2

Kanaaf, 24 × 3 = 72.

Kanaafuu, manni barumsichaa waliigalatti barruulee 72 kenne.

Fakkeenya

76 × 4 =?

Furmaata:

	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
76 yeroo diddiriirsinu, 70 + 6 ta'a.		7	6
		×	4
Kurnoota 7, tokkee 4'n baay'isi 70 × 4 →	2	8	0
Tokkee 6, tokkee 4'n baay'isi 6 × 4 →		+ 2	4
Baay'attoota qoqqoodaman walitti ida'i 280 + 24 →	3	0	4

Kanaaf, 76 × 4 = 304.

B. Irraan gadee baay'isuu

Gocha 3.4

1. Kanneen armaan gadii irraan gadee baay'isuun shallagi.

a. 16 ×4

b. 25 ×6

c. 48 ×3

d. 42 × 2

e. 66 ×5

f. 92 ×7

g. 55 ×5

h. 63 ×6

Fakkeenya

32 × 3 shallagi.

Furmaata: 32

× 3

96

Mana tokkee waliin baay'isuudhaan(3 × 2 = 6)

Tokkee karaa gadii jiru kurnootaan baay'isuudhaan(3 × 3 = 9)

Kanaafuu, 32 × 3 = 96 ta'a.

Fakkeenya

Ijoollee obbo Biqilaa ja'aaf adaadaan isaanii baadiyyaa irraa tokkoon tokkoon isaaniif muuzii 25 fiddeefii yoo dhufte, waliigalatti muuzii meeqa fiddee dhufte?

Furmaata: 25

× 6

150

Mana tokkee waliin baay'isuudhaan(5 × 6 = 30 waan ta'eef, 0 barreessinee 3 hambifanna)


Tokkee kurnootaan baay'isuun 3 isa hambifanne immoo irratti ida'uudhaan((6 × 2) + 3 = 15)

C. Tooftaa laatesii


Gocha 3.5

1. Tooftaa laatesiitti gargaaramuudhaan baay'isi.

a. 37 × 6 =?



b. 58 × 3 =?




Tooftaa kana fayyadamuudhaaf qooyyaba bu'uraa baay'isuu beekuun barbaachisaadha.


Fakkeenya

$48 \times 3 = ?$


Furmaata:



Saanduqni kenname kun laatesii jedhama. 48 gararraa saanduqichaatti, 3 ammoo karaa mirgaa saanduqichaatti barreessina.



Jalqaba 8×3, itti aansuun 4×3 baay'isuun akka saanduqicha irratti mul'atu kanatti keenya.



Lakkoofsa sarara shaffaxaarra jiran walitti idaana.

Kanaafuu, $48 \times 3 = 144$ ta'a.

Gilgaala 3.3

1. Lakkoofsota armaan gadii tooftaa diddiriirsanii baay'isuutiin shallagi.

a. 24×2 c. 99×6 e. 68×8 g. 80×7


b. 28×5 d. 37×9 f. 74×3 h. 55×4

2. Irraan gadee baay'isi.


a. 33 ×3	b. 46 ×5	c. 88 ×8	d. 94 ×6
e. 71 ×4	f. 66 × 7	g. 52 × 9	h. 98 × 2

3. Tooftaa laatesiitti gargaaramuun baay'isi.

a. $63 \times 7 = ?$



b. $94 \times 5 = ?$



4. Maatiiwwan lakkoofsa 10 gabatee armaan gadii keessaa baay'attoota 10nii kan ta'anitti mari.

10	11	12	13	14	15	16	17	18	19
20	21	22	23	24	25	26	27	28	29
30	31	32	33	34	35	36	37	38	39
40	41	42	43	44	45	46	47	48	49
50	51	52	53	54	55	56	57	58	59
60	61	62	63	64	65	66	67	68	69
70	71	72	73	74	75	76	77	78	79
80	81	82	83	84	85	86	87	88	89
90	91	92	93	94	95	96	97	98	99

5. Saanduqni saamsame tokko buskuta 24 yoo qabaate, saanduqni akkasii shan(5) buskuta meeqa baata?
6. Leenseen dunkaana deemuun buuphaa 36 bitte. Gatiin buuphaa tokkoo qarshii 8 yoo ta'e, walumaagalatti qarshii meeqaan buuphaa bitte?

3.2.2 Lakkoofsota Dijiitii Sadii Fi Afurii Lakkoofsota Dijiitii Tokkoon Baay'isuu

Lakkoofsota dijiitii sadii fi afurii kana lakkoofsota dijiitii tokkoon baay'isuuf, maloota armaan dura dijiitii lama dijiitii tokkoon baay'isuu irratti gargaaramne fayyadamna.

A. Mala diddiriirsuu

Gocha 3.6

1. Lakkoofsota armaan gadii mala diddiriirsuutti gargaaramuun baay'isi.

a. 134 × 2 c. 999 × 3 e. 672 × 6 g. 543 × 8

b. 256 × 4 d. 875 × 5 f. 787 × 9 h. 4,477 × 2

Fakkeenya

954 × 8 baay'isi.

Furmaata:

	Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
954 yeroo diddiriirsinu, 900 + 50 + 4 ta'a.		9	5	4
			×	8
Dhibboota 9 fi tokkee 8 baay'isi 900 × 8 →	7	2	0	0
Kurnoota 5 fi tokkee 8 baay'isi 50 × 8 →		4	0	0
Tokkee 4 fi tokkee 8 baay'isi 4 × 8 →		+	3	2
Baay'attoota qoqqoodaman walitti ida'i 7,200+400+32 →	7	6	3	2

Kanaaf, 954 × 8 = 7,632 ta'a.

Fakkeenya

2: 2,254 × 2 baay'isi.

Furmaata:

	Kumoota	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
2,254 yeroo diddiriirsinu, 2,000+200 + 50 + 4 ta'a.	2	2	5	4
			×	2
Kumoota 2 fi tokkee 2 baay'isi 2,000 × 2 →	4	0	0	0
Dhibboota 2 fi tokkee 2 baay'isi 200 × 2 →		4	0	0
Kurnoota 5 fi tokkee 2 baay'isi 50 × 2 →		1	0	0
Tokkee 4 fi tokkee 8 baay'isi 4 × 2 →		+		8
Baay'attoota qoqqoodaman walitti ida'i 4,000 +400+100+8 →	4	5	0	8

Kanaaf, 2,254 × 2 = 4,508 ta'a.

B. Irraan gadee baay'isuu

Gocha 3.7

1. Kanneen armaan gadii irraan gadee baay'isuun shallagi.

a. 2,233 × 3	b. 465 × 2	c. 786 × 4	d. 369 × 9
e. 857 × 5	f. 999 × 6	g. 642 × 7	h. 307 × 8

Fakkeenya

Boonsaan wadaroo maraa lama bite. Dheerinni wadaroo maraa tokkoo meetira 234 yoo ta'e, dheerinni waliigalaa wadaroo inni bitee meeqa?

Furmaata: 234
× 2
468

Mana tokkee waliin baay'isuudhaan($2 \times 4 = 8$)

Mana tokkee mana kudhaniitiin baay'isuudhaan($2 \times 3 = 6$)

Mana tokkee mana dhibbaatiin baay'isuudhaan($2 \times 2 = 4$)

Kanaafuu, $234 \times 2 = 468$ waan ta'eef, Boonsaan wadaroo meetira 468 bite.

Fakkeenya

748 × 6 shallagi.

Furmaata: 748
× 6
4488

Mana tokkee waliin baay'isuudhaan($6 \times 8 = 48$) waan ta'eef, 8 barreeffannee 4 hambifanna.

Mana tokkee mana kudhaniitiin baay'isuudhaan 4 isa hambifanne itti idaana($(6 \times 4) + 4 = 28$, 8 barreeffannee 2 hambifanna).


Mana tokkee mana dhibbaatiin baay'isuudhaan 2 isa hambifanne itti idaana($(6 \times 7) + 2 = 44$).

C. Tooftaa laatesii


Gocha 3.8

1. Tooftaa laatesiitti gargaaramuudhaan baay'isi.


a. $296 \times 7 = ?$




b. $637 \times 8 = ?$




Fakkeenya: $136 \times 4 = ?$



136 gararraa saanduqichaatti, 4 ammoo karaa mirgaa saanduqichaatti barreessina.



Jalqaba 6×4, itti aansuun 3×4 fi dhumarratti 1×4 baay'isuun saanduqicharratti guunna.



Lakkoofsa sarara shaffaxaarra jiran walitti idaana. Kunis, 544 ta'a.

Gilgaala 3.4

1. Lakkoofsota armaan gadii mala diddiriirsanii baay'isuutiin shallagi.

a. 112×3

b. 235×5

c. 752×6

d. 504×3

e. 970×8


f. 628×7

2. Irraan gadee baay'isi.


a. 111 × 3	b. 243 × 2	c. 568 × 8
d. 906 × 7	e. 745 × 5	f. 629 × 6

3. Tooftaa laatesiitti gargaaramuun baay'isi.

a. 437 × 3 = ?



b. 658 × 9 = ?



4. 479 si'a 7 meeqa ta'a?

5. Tooftaa laatesii gargaaramuun baay'isi.

a. 2,304 × 4 b. 2,000 × 5


6. Daldalaan lukkuu tokko lukkuuwwan 8 tokkoon tokkoon isaanii qarshii 725tti yoo gurgure, walumaagalatti qarshii meeqatti gurgure?

3.3 PIROBILEEMOTA JECHAA LAKKOOFSOTA BAAY'ATAAN ISAANII 10,000 GADIIN FURAMAN

3.3.1 Pirobileemota Jechaa Lakkoofsota Dijiitii lama qaban Baay'isuudhaan Furuu

Gocha 3.9

1. Cirracha walitti funaanuudhaan 24, 24'n iddoo shanitti walitti qabi.



a. Cirracha iddoo lamatti walitti qabde walitti makuun lakkaa'i. Meeqa ta'e?
b. Cirracha iddoo sadiitti walitti qabde walitti makuun lakkaa'i. Meeqa ta'e?

c. Isa iddoo lamaa walitti makame moo kan iddoo sadiitu caala?

d. Waliigalatti cirrachoonni iddoo shanan jiran meeqa?

Fakkeenya

Dhaabbanni tokko mana barumsaa tokko keessatti deeggarsaan daree dabalataa 4 ijaarsise. Daree barnootaa tokkichi barattoota 46 kan qabatu yoo ta'e, waliigalatti barattoota meeqa qabata?

Furmaata:

Tarkaanfii 1. Kan kenname: Dareen 4 ijaaramuu fi dareen tokko barattoota 46 akka qabatu.

Tarkaanfii 2. Kan barbaadamu: Dareewwan 4'n barattoota meeqa akka qabatan.

Tarkaanfii 3. Pirobileemii kenname gara hima Herregaatti jijjiirra.

Kanaafuu, 46

$\times$ 4

184

Kanaafuu, $46 \times 4 = 184$ waan ta'eef, dareen barnootaa deeggarsaan ijaaraman barattoota 184 qabatu.

Fakkeenya

Magaalaan Finfinnee karra shan qabdi. Tokkoon tokkoon karrawwan qabdu irratti sakatta'insaaf qaamolee nageenyaa 63 yoo bobbaafte, waliigalaan qaamolee nageenyaa meeqa bobbaafte?

Furmaata:

Tarkaanfii 1: Kan kenname: Karra 5 Finfinneen qabduu fi qaamni nageenyaa karra tokkoo 63 ta'uu.

Tarkaanfii 2: Kan barbaadamu: Baay'ina qaamolee nageenyaa waliigalaa.

Tarkaanfii 3: Gara hima Herregaatti jijjiiruun shallaguu.

Kunis, 63
×5
315

Kanaafuu, $63 \times 5 = 315$ waan ta'eef, karrawwan shanan irratti qaamolee nageenyaa 315 bobbaafte jechuudha.

Gilgaala 3.5

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

1. Gatiin saamunaa tokkoo qarshii 27 yoo ta'e, gatiin saamunaawwan akkasii 6 qarshii meeqa ta'a?
2. Kaartooniin tokko kitaabota 9 qabata. Gatiin kitaabotaa walfakkaataa yoo ta'ee fi gatiin kitaaba tokkoo qarshii 35 yoo ta'e, waliigalatti kitaabileen jiran qarshii meeqatti gurguramuu danda'u?
3. Konkolaataan tokko giddu galeessaan sa'aatii tokko keessatti kiilomeetira 56 kan deemu yoo ta'e, sa'aatii 9 keessatti fageenya kiilomeetira hangamii deema?
4. Namoonni sadii hoteela galanii caccabsaa sadii bakka tokkotti ajajachuun nyaatan. Gatiin caccabsaa tokkoo qarshii 84 yoo ta'e, waliigalatti qarshii meeqa kanfalu?
5. Aadde Biliseen saawwan 5 qabu. Tokkoon tokkoon saawwan isaanii guyyaatti aannan liitira 12 elmamu yoo ta'e, aadde Biliseen guyyaa 4tti aannan liitira meeqa elmatu?

3.3.2 Pirobileemota Jechaa Lakkoofsota Dijiitii Sadii fi Afur Qaban Baay'isuudhaan Furuu

Gocha 3.10

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

1. Namoonni waldaadhaan gurma'uun buna guuran tokko guyyaatti buna kuntaala 240 guuru yoo ta'e, guyyaa 5 keessatti buna kuntaala meeqa guru?
2. 1,712 si'a 3 meeqa ta'a?

Fakkeenya 1: Obbo Caalaan daldalaa dammaati. Yoo guyyaa tokkotti damma kiilogiraama 2,123 bite, guyyaa 4 keessatti damma kiilogiraama meeqa bituu danda'a?

Furmaata: 2,123

× 4

8,492


Kanaafuu, obbo Caalaan guyyaa 4 keessatti damma kiilogiraama 8,492 bituu danda'a.

Fakkeenya

Kitaabni Herregaa tokko fuula 171 qaba. Kitaabonni akkasii 7 waliigalatti fuula meeqa qabaatu?

Furmaata:

Pirobileemii kana tooftaa laatesiitti gargaaramuun yeroo furru:



Kanaafuu, 171 × 7 = 1,197 waan ta'eef, kitaabonni 7 akkasii fuula 1,197 qabaatu.

Gilgaala 3.6

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

1. Waajjirri barnootaa kutaa magaalaa Kolfee manneen barnootaa 6 filachuun tokkoon tokkoon isaanii irraa barattoota 276 fudhachuun leenjii dhimma dhibee HIV/AIDS irratti yoo kenne, walumaagalatti barattoota meeqaaf leenjii laate?
2. Ayyaantuun dhadhaa kiilogiraama 8 baadiyyaa irraa gurguraaf fiddee dhufte. Gatiin dhadhaa kiilogiraama tokkoo qarshii 445 yoo ta'e, waliigalaan meeqatti gurgurti?
3. Obbo Jooteen handaanqoo buuphaa hanqaaqan 120 bitan. Handaanqonni kun hundi isaanii guyyaa guyyaan buuphaa tokko tokko hanqaaqu yoo ta'e, torban tokkotti buuphaa hangamii hanqaaqu?